

: oromo
Informasjon til asylsøkere i Norge

NOAS

# ODEEFANNOO

## IYYATTOOTA IRKATTUMMAA

Odeeffannoon kuni Jaarma Iyyattoota Irkattumma Norweyiin (NOAS) qopheeffame.
NOAS, miti-mootummaa kan taé dhaabbata mirga dhala namaa, kan odeefannoo fi gargaarsa seeraa namoota irkattummaa gaafataniif kennu dha.

Barreeffamni kuni Noorwey keessatti irkattummaa gaafattee kooluu kan barbaadduuf odeeffannoo faayidaa qabeessa kenna.

**KAN ATI DUBBISUU DANDEESSU:**

- Kooluu argachuuf enyutu mirga qaba?
- Bu'uura namoomaan hayyamni jireenya eenyuuf kennama?
- Biyya kamtu iyyata irkattummaakee ilaala?
- Noorweey keessatti iyyata irkattummakee eenyutu siif ilaala?
- Wayita kooluu gaafattu maaltu taá?
- Gaaffiif deebii iyyata irkattummaatiif gorsa barbaachisaa taé
- Akka nama irkattummaa gaafate tokkootti dirqamni fi mirgi ati qabdu
- Dirqama iccittii eeguu

## 1. KOOLUU ARGACHUUF EENYUTU MIRGA QABA?

Mirga kooluu, jechunis irkattummaa kan ati argattu gara biyya keetti yoo deebite, balaa ajjeefamuu, gidirfamuu ykn badii ciccimoo birootiif yoo saaxilamta taé kophaadha. Mootummaan biyyakeetii eegumsa siif kennu dandaá yoo ta'e, ykn bakka nageenyi keessan eegamuu danda'u biyyakeetti argachu dandeessa yoo taé, Norway keessatti kooluu hin argattu.

Eenyu mirga irkattuma akka qabu waliigaltee gita addunyaa kan Norway hordofuu ofdirqisiistetu murteessa.

## 2. HAALA NAMOOMAA IRRATTI KAN HUNDAAÉ HAYYAMNI JIREENYAA KAN KENNAMUUF EENYU?

Mirga kooluu argachuu kan si argachiisu ulaagaa hin guuttu yoo taé; abo-qabeeyyiin haala namoomaa rakkisaa taé keessa jiraachuukee . Firooma addaa Norway keessa akka qabdulle ni ilaaluu. Kana jechuun hayyama jireenyaa argachuu kan si dandeessisu ulaagaa guutuu fi guutuu dhiisuu kee ni qoratu jechuu dha. Kuni hayyama jireenyaa haala namoomaa irratti hundaú jedhama.

Hayyama jireenyaa akkasii argachuuf, akka seerri jedhutti paaspoortii qabaachuutu sirra jira. Paaspoortii kee abo-qabeeyyiitti hin dhiyeessine taanaan, iyyatni kee akka dhorkamu ykn hayyama jireenyaa daangeffame; hayyama jireenyaa dhaabbataa taé kan nama hin argachiisne; akkasumas maatii waliin godaanuuf kan hin fayyadnetu kennama.

## 3. BIYYA KAMTU IYYATA IRKATTUMMAAKEE ILAALA?

Nama iyyata kooluu Noorweyitti dhiyeeffatuu hundatu iyyatni isaa Noorweyitti ilaalamaaf miti. Waliigalteen Dubliin biyyooti Awurooppaa waliin ta'uun kan dhaabbataniidha. namuma irkattummaa gaafatu tokkof iyyatni isaa biyyoota kana keessaa tokko kophatti ilaalamaaf.

Biyya biraa waliigalteen Dubliin itti mallatteeffame keessatti:

- Ashaaran quba kee galmaa'era yoo taé;
- Irkattumma yoo iyyatteetta taé;
- Viizaa ykn hayyama jireenyaa yoo qabaatte;
- Maatii dhiyoo yoo qabaatte;

Kanas akka amaleeffatametti abo-qabeeyyiin Norway dhimmichi biyya biraatti ilaalamaa isaa murteessuuf ji'a lamaa hammaa ji'a ja'aa itti fudhata.

Odeeffannoo dabalataa yoo barbaadde, NOAS irraa waraqaa waa'ee waliigaltee Dubliin ibsa kennu argachuu ni dandeesa.

## 4. NORWAY KEESSATTI IYYATA IRKATTUMMAKEE EENYUTU SIIF ILAALA?

Abo-qabeeyyiin godaantummaa (UDI) qama mootummaa Noorweey ti. Gaafii fi deebii iyyata irkattummaa si gaafatuu; hayyamni jireenyaa siif kennamuu akka qabuu fi hin qabne ni murteessu. UDI iyyata hunda sirriitti kopha-kophaatti ni ilaala.



## 5. WAYITA KOOLUU GAAFATTU MAALTU TAÁ?

**Akka nama irkattummaa gaafatu tokkootti Polisa biratti of galmeessita**
Poolisiin suuraa fi ashaaraa qubaa keeni fudhata. Eenyummaa ke fi akka itti Noorweeyi seente si gaafatu. UDI maaliif akka ati koolugaltummaa argachuuf iyyatte si gaafatu. Waraqaalee eenyummaa yoo of-harkaa qabaatte wayita of galmeessisttu dhiyeessuu qabda.

**Mooraa baqataatti seenuu**
Galmeen booda gara mooraa koolu-galtootaatti konkolaataan geeffamta. As gara guyyoota murtaa'aniif ni turta, sana booddee garuu moraa baqataa kan biraatti ykn mooraa biraatti dabarfamta. Odeeffannoo waa'ee dirqamaa fi mirga kee caalaattii hojjettoota mooraa sanaa irraa argatta.

**TB sombaaf ni qoratamta**
Turtii kee guyyoota muraasa duraa mooraa koolu-galtootaatti keessatti qorannoo dhibee sombaaf ni goota. Kuni  nama hundaafu dirqama. Dhibee fayyaa cimaa yaala hatattamaa barbaachisu yoo qabaatte waaqjora fayyaa beeksisuu qabda.

**NOAS irraa odeeffannoo fi gorsa ni fudhatta**
Turtii kee guyyoota muraasa mooraa koolu-galtootaa keessatti odeeffanoo NOAS irraa ni argattta. NOAS, dhaabbata miti-mootummaa Norway keessatti mirga namoomaa namoota irkattummaa gaafataniif akka eegamu hojjetuu dha. Gaheen NOAS mooraa koolu-galtootaa keessatti odeeffanoo fi gorsa namoota irkattummaa gaafataniif kennuu dha. Akkaataa itti iyyati irkattummaa adeemsifamu irratti fiilmii odeeffanoo kennu ni ilaalta; hojjetaa NOAS waliinis ni haasofta. Kaayyoon haasaa kanaas gaaffii fi deebii iyyata irkattummaa UDI waliin gootuuf si qopheessuu dha.
Haasaa kana irrattis gaaffii kamuu iyyata irkattummaa kee ilaalchisee gaafachuuf ni dandeessa. Marichis afaan ati sirriitti hubattun ni taasifama.



Tariis bu'uura seera Dubliiniin gara biyya Awurooppaa biraatti ni dabarfamta yoo taate waaésaa ibsuunkee barbaachisaa dha. Kunis odeeffanoo sirrii taé akka argattuf dha. Hojjetoonni NOAS Itti gaafatama iccitii dhimmichaa eeguu qabu.

**UDI biratti gaaffi fi deebii ni goota**
Gaaffii fi deebiin iyyata irkattumma: maaliif akka iyyata kooluu dhiyeessaa jirtu ibsuuf carraa isa caalaatti barbaachisaa taée dha. Gaaffii fi deebiin iyyata irkattumma akka amaleffatametti sa'aa hedduu tura. Waanta sirra gaéf yoo deebitee biyyakeetti galte waanta sodaattu akkaataa qabatamaa taéen gadi-fageenyaan ibsi. Yeroo gaaffii fi deebiin kun taú namni afan hiiku ni dhiyaata. Namni affan hiikuu dirqama iccitii eeguu qabaa, walabas. Wanta jedhame hubachuun rakkoo yoo taé battalumatti nama gaaffi fi deebii sana geggeessutti beeksisuu qabda.
Xumura gaaffii fi deebii iyyata irkattummaa sana irratti gabaasa gaaffii fi deebii barreeffame irratti ni mallatteessita. Kanas namni afaan hiike siif ni dubisa. Gabaasicha irratti wanti akka siif jijjiiramu barbaaddu yoo jiraate mallatteesuu kee dura ibsuu qabda.

**UDI irraa wayita deebii eeggattutti mooraa koolu-galtootaa dhaabbataa taé keessa ni turta**
Mooraa koolu-galtootaa keessa gatii malee tola jiraachuu dandeessa. Yoo barbaadde garuu, UDI irraa wayita deebii eegdu teessoo dhuunfaarra jiraachuu ni dandeessa. Garuu gargaarsa maallaqaa hin argattu. Yoo iddoo biraatti godaante teessoo kee isa haarawaa mooraatti beeksisuu qabda, isaanis ni galmeessu. Teessoon kee kan galmaa'us deebiin UDI akka isin bira gahu taasisuuf dha.

**Odeeffannoo Haarawaa**
Gaaffi fi deebii iyyata irkattummaa booda odeeffannoo haarawaa iyyatakeef fayyadu yoo argatte hatattamaan UDItii beeksisuu qabda. Odeeffanoo kana maaliif kanaan dura akka hin ibsin ibsi. Kanas akkamiin akka taasiftu hojjetoonni si beeksisu ni dandaú.

**UDI irraa deebii ni eegda**
UDIn iyyata irkattummaa kee siif iaaluuf turban murtaa'an irraa kaasee waggaa tokkoo ol itti fudhachuu ni danda'a. Yeroo dheeraa yoo fudhate tarii UDIn odeeffannoon ati kennite sirrii ta'uu isaa qorachuu qaba waan taéf. Kunis namootni biroo hedduun deebii UDI eeggachaa waan jiraniif ykn haala biyyakee keessa jiruu qorachaa jira waan taéf ta'uu danda'a.

## Deebiin UDI irraa argattan: Hayyama Jireenyaa Didamuu

**Hayyama Jireenyaa**
Hayyama jireenyaa yoo argatte ganda murtaaé tokko keessatti bakka jireenyaa ni argatta. Kana ilaalchisee odeeffannoo dabalataa mooraa keessatti ni argatta.

**Didamuu**
Iyyatni kee yoo didame mirga oliyyachuu ni qabda. Sa'a 5f kan taú gargaarsa seeraa, tola abukaattoo irraa siif kennama, kunis oliyyannoo kee irratti si gargaaru dhaf.
Torban sadii keessattis oliyyachu qabda. Akka amaleeffatametti yoo taé Norway keessa hamma oliyyatni kee siif ilaalamutti turu ni dandeessa. Garuu UDIn iyyatni kee bu'uura hin qabu yoo jedhe kuniyyuu ni hafa.

**Kora Dhimma nama alaa ilaalu (UNE)**
UNEn oliyyata kee kan miijanuu dha. UNEn walga'ii irratti akka dhiyaattu ykn odeeffanoo dabalataa akka ergitu si gaafachuu ni danda'a.

**Didamuun iyyatakeetii yoo sitti dhufe gara biyya keetti deebi'uuf ni dirqamta**
Beellama poolisiitiin siif kaa'ame keessatti, akka amaleeffatametti torbee lama keessatti, gara biyya keetti ni deebita. Guyyaan dhumaa sii kenname kun darbinaan, biyya Noorweeyi keessatti jiraachuf mirga hinqabdu.
Didamuu isa dhumaa yoo argatte, jechuun UNEn murtoo didda UDIn iyyata irkattummakeef sii kenne yoo cimse; ykn fedha keetiin kara Dhaabata Idiladdunyaa kan Godaansaa (IOM) deebiúu dandeessa ykn poolisiin ugguuramtanii dirqisiifamteni ni deemsifamta.

**Kara IOMn fedhaan deebi'uu**
Abbo-qabeeyyiin Norway gara biyya keetti fedhaan akka deebituf haala isiniif ni mijeessu. Fedhaan deebi'uu jechuun gara biyyaatti deebiúkeef sagantaa Norway fedha ofiin deebiu jedhamu iyyachuuf itti walii-galuu jechuudha.

Sagantaam VARP gara biyya keeti deebisuuf UDI fi IOMn waliin-hojjechuu tasifamu dha. Fedhaan wayita deebitanittis mootumaan Noorweey baasii keessan ni haguuga.

Namni kamuu hayyama jireenyaa Norway keessatti kan hin qabaanne deebiiú fedha iyyachuu ni danda'a. Iyyatni irkattummaa kee yoo fudhatama hin argatiin Norwayiin gad dhiisuuf yeroo murtaa'e qofa qabda. Fedha keen deebi'uu yoo barbaadde; iyatni irkattummaakee edda fudhatama dhabee yeroo gabaabaa keessatti iyyata IOM tiif erguu qabda. Iyyatni kee fudhatama yoo argate IOM qajeelfama siif kennuun ragaa geejjibaa fi tiikeetii akka argattan isin gargaara. IOM waliin adeemuuf paaspoortii fudhatama qabuu



fi ragaa adeemsaa biroo kan mootummaa biyya keen siif kenname hunda qabaachuu qabda. Paaspoortii ykn ragaa adeemsaa yoo hin qabaatiin IOMn gara imbaasii ykn qoonsilaa biyyakeetii isatti dhiyootti argamutti akka iyyattu si gargaaruu ni danda'a. IOM yoo barbadde wayita adeemsarratti fi edda biyya kee geessee gargaarsa isiiniif taasisuu ni danda'a.

Waaée fedhaaan deebiúu ilaalchisee odeeffannoo balaáa taée fi unka iyyataa guutuuf moraarraa, Waajjira UDI kan Naannoo ykn IOM biraa ni argatta.

**Dirqisiifamanii Deebi'uu**
Didamu isa dhumaan booda gara biyya keetti fedhaan yoo hin deebine, yeroon siif murtaaé erga darbe booddee poolisiin biyyaa deemsifamta.

Baasii biyya baafamuukeef taú sittu kanfala. Tikeeta xiyyaaraatiif maallaqa yoo hin qabdu taé, mootummaan ni haguuga. Baasicha garuu akka kanfaltuf ni dirqamta. Baasii biyyaa deemsifamu kana yoo hin haguugiin, Norway fi biyyoota Awurooppaa biroo seenuuf viizaa dhorkamuu ni dandeessa.

**Gochaa yakkaa yoo yaawwatte**
Gochaa yakkaa yoo raawwatte iyyati irkattummaa keetii saffisaan ni ilaalama. Kana jechuunis ariitiin Norwayii baafamta. Yoo waanta seeraan mormu raawwattes Norway keessaa baafamuu dandeessa. Kana jechunis gara fuul-duraattis Norway fi bityyoota Awurooppaa hedduu isaanii seenuu akka hin dandeenye taasifamtu.

## 6. GAAFFII FI DEEBII IYYATA IRKATTUMMAAF GORSOTA BARBAACHISOO TAÁN

- Maaliif biyya kee irraa akka baate fi maaliif deebi'uu akka sodaattuu gadi-fageessiitii bal'inaan ibsi.
- Muuxannoo sirra gaée fi yoo ni deebita ta'e waanta sirra gahu dandaú irratti xiyyeeffadhu.
- Hamma danda'ametti waanuma barbaachiaa tae kophaa himi.
- Ijoollee umuriin isaanii 18 gadii yoo of-duukaatii qabda taé haala isaanii fi maaltu akka isaan qunamaa ture ibsi.
- Wanati hin hubatiin yoo jiraate nama gaaffii fi deebii sana geggeessu akka siif ibsuuf gaafadhu.
- Ragaan iyyata irkattummaa keef barbaachisoo taán yoo jiraatan gara gaaffii fi deebii fuutee dhaquu qabda.
- Dhugaa himi. Wanta dogoggoraa yoo dhiyeeffatte iyyati irkattummaa kee fudhatamumma akka hin qabaanne taasisa. Norway  keessaa baafamu dandeessa. Kunis ammaan booda Norway fi biyyoota Awurooppaa hedduu isaanii akka hin seenne isin taasisuu ni danda'a.

**Dubara/ dubartoota irkattummaa gaafatan**
Dubartootni/ dubarri ariátama dhiirota irra gaú irraa adda kan taéf saaxilamu ni dandaú. Waan isaan mudate kanas tarii keessumaa dhiirotaa waliin hasa'un rakkisaa ta'uu ni danda'a. Yoo barbadde dubartii/ dubara hojjettuu NOAS waliin haasaú ni dandeessa. Kana gochuu yoo barbaadde fiilmii odeefanoo edda ilaalte booda battalumatti NOASiin gorsa gaafadhu. Wayita gaaffii fi deebii UDI waliin gootuttis, namni gaaffii fi deebii geggeessuu fi namni afaan hiiku dubartii/ dubara akka taatu gaafachuu ni dandeessa. Kanas wayita NOASn waliin marii taasiftanitti gaafachuu ni dandeessa.

**Daa'ima umuriin waggaa 18 gadi ta'e fiddee dhufteettaa?**
Haalli daa'imaa iyyatichi irkattummaa ilaalamuu irratti barbaachisaa dha. UDIn daa'imni bu'ura ittiin irkattummaa gaafatan kan ofiisaanii qabaachuu isaaniis haala jireenya isaanii ilaalchisee muuxannoo isaan qaban bira gaúu barbaada. Wayita gaaffii fi deebii iyyaata irkattummaa gootutti dhimma kana UDIf ibsuunkee barbaachisaa dha.

UDI daa'imman umuriin isaanii waggaa 7 ol ta'an ni ni haasofsiisa. Daa'imni muuxannoo isaan dhaqqabe jecha mataa isaaniitiin ibsachuun isaanii faayidaa qaba. Darbee darbee daa'imman namoota ga'eessa caalaatti rakkoon isaan gidirsa. UDI daa'imman fedha isaaniitiin haasofsiifamuu yoo barbaadan malee dirqamaan gaaffii hin dhiyeessu.

## 7. DIRQAMNII FI MIRGI ATI AKKA NAMA IRKATTUMMAA GAAFATUUTTI QABDU

**Eenyummaan kee sirriitti akka beekamu gargaruf dirqama qabda**
Abo-qabeeyyiin Norwayiif eenyummaa kee beekun sirriitti barbaachisaa dha. Kanaafuu ragoolee kana mirkaneessan dhiyeessuunkee fayyada qaba. Mootummaa biyya keetiin ni ariátamta yoo ta'e mootummaan Norway waraqaa eenyummeessaa fiduuf isaan akka quunamttu sindirqisiisu.

Abo-qabeeyyiin Norway waa'ee eenyummaakeetiif shakkii yoo qabaatan:

- Amanamuu dhabuu fida
- Carraa hayyama jireenyaa argachuu xiqqeessaa
- Mirga argachuf maltes dhabuu fida
- Hayyama jireenyaa argattus kan dangaaé gochuu dandaá

**Odeeffannoo sirrii táe dhiyeessuuf dirqama qabda**
Akka nama irkattummaa gaafatu tokkootti sababa maaliif akka kooluu galtu ibsuu qabda. Kanaafuu hamma siif danda'ametti waliin-hojjechuuf ragaa barbaachisaa taé dhiyeessuutu sirra jira.
Kooluu galuuf iyyachuu kee dura wanti ati namoota biraa irra dhageesse maalis haa ta'u maal; iyyata keetiif bu'uura isa sirrii taé ibsuunkee barbaachisaa dha. Ibsa sobaa taé kennuun adabatti nama geessuu dandaá. Biyyattii keessaa dirqisiifamanii bahuufis nama saaxila.

**Wayita iyyata irkattumma galfattee jirtuttu hojii hojjechuu ni dandeessa.**
Iyyati irkattummaakee hanga ilaalamutti wayita eegdu hayyama hojii argachuu ni dandeessa. Kunis eenyummaa kee yoo ragoomsitee fi waliigaltee Duubliiniin ilaalamaa yoo hin jiraatiin dha. Hayyamni hojii kuni ji'a ja'aaf ni tajaajila. Garuu haareffamuu ni dandaá..

**Tajaajila qorichaa argachuuf mirga qabda**
Wayita iyyata irkattummaakeef deebii eeggachaa jirutti tajaajila qorichaa barbaachisaa taé argachuuf mirga qabda. Daa'imaa waggaa 12 gadii taániif tajaajilli qorichaa tola kennama. Namni hundi Norway keessatti tajaajila qorichaa argachuuf baasii qooda isaatii taé baasuu qaba. Gargaarsa ogeessa qor-qalbii yoo sibarbaachise immoo UDItti baasii kee akka siif haguugu iyyachuu ni dandeessa. Kana ilaalchisee odeeffannoo dabalataatiif hojjettoota mooraa gaafattoota irkattummaa quunnami. Rakkoolee fayyaa ciccimoo taán yoo qabaatte UDIf ibsuu qabda.

**Iyyata irkattummaa kee kaasuuf ni dandeessa**
Yeroo kamuu iyyata irkattummaa kee kaasuu ni dandeessa. Achiis gara biyya keetti deebitee galuuf akka si gargaaraniif IOMtti iyyachuu ni dandeessa.

## 8. DIRQAMA ICCITTII EEGUU
Poolisiin, UDIn, UNEn, warri afaan hiikan, abukaattoon, hojjetaan fayyaa fi NOAS dirqama iccitii eeguu ni qabu. Kana jechuunis mootummaa biyya keetiitti waa'ee iyyata irkattummaa keetii ibsa kennuu hin dandaán. Akkasumas waanta ati namoota iyyatakee irratti hin hojjeneetti himtes odeessuu hin dandaán. Dirqama iccitii eeguu cabsuun yakkaan nama adabsiisa. Kanaafuu kooluun maaliif akka si barbaachisu gadi-fageenyaan ibsachuu sodachuu sinbarbaachisu.

# TEESSOOWWAN

## KUTAATA POOLISII DHIMMA GODAANSAA (POLITIETS UTLENDINGSENHET)

Poolisiin namoota irkattumma gaafatan haarawaa ni galmeessa. Poolisiin namoota irkattummaaf iyyatni fedhaan Norwayiin lakkisuu didan biyya deemsisa.

**Teessoo poostaa:** Postboks 8102 Dep, 0032 Oslo
**Teessoo daawwannaa:** Christian Krohgs gate 32, 0186 Oslo
Bilbila: +47 22 34 24 00, faks: +47 22 34 24 80
e-post: pu@politiet.no

## ABO-QABEEYYIIN GODAANTUMMAA (UDI)

dhaabbata mootummaa, itti gaafatamummaa isaa keessaa iyyata irkattummaa, walitti-sassaabamuu maatii, viizaa fi dhimmoota lammummaa kan taée dha. UDI itti gaafatamaa mooraa kooluus kan qabuu dha.

**Teessoo poostaa:** Postboks 8108 Dep., 0032 Oslo
**Teessoo daawwannaa:** Hausmannsgt. 21, 0182 Oslo
Bilbila: +47 23 35 15 00, faks: +47 23 35 15 01
Internet: www.udi.no, e-post: ots@udi.no

## JAARMAA GODAANSAA KAN ADDUNYAA (IOM)

Odeeffanno waaé gargaarsa warra fedhaan deebiániif kan kennuu dha.

**Teessoo poostaa:** Postboks 8927 Youngstorget, 0028 Oslo
**Teessoo daawwannaa:** Storgata 10a, 2. etg, 0155 Oslo
Bilbila: +47 23 10 53 20, faks: +47 23 10 53 21
e–post: osloreturn@iom.int

Waajjirri kan banamu: Guyyaa lofootti: 10:00 – 15:00, Sanbatatti: Stengt

**KORA OL-IYYANNAA DHIMMA GODAANSAA ILAALU (UTLENDINGSNEMNDA-UNE)**

qaama bulchiisaa mana-murtii fakkaatu didda UDItiin kenname irratti oliyyannaan dhiyaate kan ilaaluu dha.

**Teessoo poostaa:** Postboks 8165 Dep., 0034 Oslo
**Teessoo daawwannaa:** Stenersgt. 1B/C, 0050 Oslo
Bilbila: +47 21 08 50 00, faks: +47 21 08 50 01
Internet: www.une.no, e-post: postmottak@une.no

**FANNOO DIIMAA NORWAY (NORGES RØDE KORS)**

Barbaacha-namaa; sababa waraanaa, wal-dhabisaa fi balaa irraan kan-kaé miseensota maatii gargar bahan walitti fiduun tajaajila.
Fannoo Diimaan waa'ee kee odeeffannoo UDI ykn kaneen birootiif hin kennu. Tajajili isaan kennanis tola.

**Teessoo poostaa:** Postboks 1 Grønland, 0133 Oslo
**Teessoo daawwannaa:** Hausmannsgt. 7, 0186 Oslo
Bilbila: +47 22 05 40 00
Internet: www.rodekors.no, e-post: tracing@redcross.no

**NOAS**, miti-mootummaa kan taé dhaabbata mirga dhala namaa, kan odeefannoo fi gargaarsa seeraa namoota irkattummaa gaafataniif kennu dha.

Barreeffamni kuni Noorwey keessatti irkattummaa gaafattee kooluu kan barbaadduuf odeeffannoo faayidaa qabeessa kenna.

NOAS

**Dhaaba Iyyattoota Irkattummaaf Noorweeyii (NOAS)**
Teessoo daawwannaa: Torggata 22, 0183 Oslo
Teessoo poostaa: Postboks 8893 Youngstotget., 0028 Oslo
Bilbila: +47 22 36 56 60, faks: +47 22 36 56 61
Internet: www.noas.org, e-post: noas@noas.org